BulchiinsaMootummaaNaannoo Oromiyaatti
Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa
The Oromia National RegionalGovernment
Bureau of Public Service and Human Resource Development
Finfinnee (Addis Ababa)

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር
የፐብሊክ ሰርቪስ እና የሰው ሀብት ልማት ቢሮ
ፊንፊኔ (አዲስ አበባ)

Guyyaa/ቀን/ Date 22/2/2015
Lakk/ቁጥር/ Ref No BPSmoma/WG3-3/6/102

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti,
Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo Jiran Hundaatiif.
Finfinnee

Waajjiralee PSMQN Godinalee 21'tiif.
Waajjiralee PSMQN Magaalotaa 19'tiif.
B/Jirtanitti

Dhimmi Isaa:- Qajeelfama Naamusaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Erguu Ta'a

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalamee Biiroo keenyaatiin Wixineen Qajeelfama Naamusaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa hirmaachisummaa dhimmamtoota adda addaatiin qophaa'ee waltajjii adda addaatiin yaadni irratti kennuun akka wixinichi gabbatu taassifamaa turuun ni beekama.

Haaluma kanaan, Qajeelfamni kun **Onkololeessa 21 bara 2015** irraa eegalee hojiirra akka ooluu waan murtaa'eef, ofeeggannoofi xiyyeeffannoo cimaan hojiirraa akka oolchitan ibsaa, Qajeelfama Naamusaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa **Lakk. 22/2015** fuula soddomii lama (32) qabu xalayaa gaggeessituu kanaan kan isiniif erginee ta'uu ni beeksisaa, qaamolee isin jala jiran hunda akka dhaqabsiftan ni hubachiifna.

"Nagaa Wajjiin"

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa


G/G

- **Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif**
- **Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif.**
- **Waajjira Hoggantuu Biirootiif.**

BPSMQNO

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti,

Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa



Qajeelfama Naamusaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Onkololeessa, 2015

Finfinnee

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Qajeelfama Lakk. 22/2015

Qajeelfama Naamusaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Hojii fi hojiimaata mootummaan ummataaf kennuu keessatti fedhii ummataa, fedhii mootummaa fi mirgaa hojjeta Mootumma Naannoo Oromiyaa gidduu jiruu akka walsimuu yookiin akka wal madaaluu taasisuun sirni ogummaa fi ogummaa'u, istaandaardiin ogummaa fi kennaa tajaajila akka jiraatu taasisudhaan gaafatamummaa hojii fi ogummaa mirkaneessuun waan barbaachiseef,

Hojjetaa mootummaa naannichaa naamusa gaarii gonfatee maamila yookiin lammiif tajaajila si'aataa, gahumsa qabu, bu'aa qabeessa ta'e kennuu akka danda'u taasisuun itti quufiinsa fi amantaa ummaatni tajaajila manneen hojii mootummaa irratti qabu mirkaneessuun barbaachisa waan ta'eef,

Akkaataa Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk, 215/2011 keewwata 97 keewwata 2tiin Biiroon Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa aangoo kennameef bu'uurrefachuun qajeelfama kana baaseera.

Boqonnaa Tokko
Tumalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Qajeelfamni kun **"Qajeelfama Naamusaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 22/2015"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiikaa Jechootaa**

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessatti:

   1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa dha.
   2) **"Mana Hojii mootummaa"** jechuun manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsiidhaan yookiin dambiidhaan dhaabbate dha.
   3) **"Hogganaa Ol'aanaa"** jechuun Biiroo yookiin mana hojii akka hogganuu kan muudamee, Hogganaa Biiroo fi Itti Aantoota Hogganaa fi sadarkaa itti aanaa hogganaatti kan muudaman fi ittigaafatamtoota fi itti aantoota Waajjiraa dha.
   4) **"Hojjetaa Mootummaa"** jechuun Biiroo yookiin Waajjiraa keessatti dhaabbatan qaxaramee kan hojjatuu dha.
   5) **"Maatii"** jechuun haadha warra yookiin abbaa warra, hojjeta mootummaa yookiin hojjeta jaarmiyaalee ummaata yookiin isaan jalatti kan bulan ijoollee umriin isaanii

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarv
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

waggaa 18 hin guutiin yoo ta'u, fuudhaa fi heeruma osoo hin raawwatiin akka abbaa warra fi haadha warratti kan waliin jiraatanii fi ijoollee guddifachaadha.

6) **"Fira Dhiyoo"** jechuun abbaa warra, haadha warra, dhaaltota, obboleettii, obboleessaa fi fira fuudhaa heeruma hojjeta mootummaa hanga sadarkaa sadaffaatti jiran ni dabalata.
7) **"Qabeenya"** jechuun qabeenya socho'us ta'e kan hin sochoone, kan ifatti mul'atus ta'e kan hin mul'anne yoo ta'u, qabiyyee lafaa fi idaas ni dabalata.
8) **"Madda Galii"** jechuun mindaa ji'a, galii lootarii, qusannoo fi aksiyoona irra argamu dha.
9) **"Faayidaa Beeksisuu"** jechuun galii ji'an argatan addaan baasanii qaama dhimmi ilaaluuf ibsuudha.
10) **"Faayidaa Galmeesisuu"** jechuun dhibbaa qaama kamii malee qabeenya dhuunfaan horataan galmeessisiisuu dha.
11) **"Walitti Bu'insa Faayida Hambsisu"** jechuun hojjeta Mootummaa Itti gaafatamummaa iddoo qabate, faayidaa ummaata eegsisuu fi sababa kamiiniyyuu odeeffannoo sababa hojii isaatiin harka isaa galee fi ummatni akka beeku hin taasifamne faayidaa dhuunfaa ofiitiin akka hin walmakne dha.
12) **"Kennaa"** jechuun hojiilee tajaajila ummataa yookiin mootummaa kan irratti ramadaman faayidaa hin mallee yookiin keessumayummaa yookiin affeerra daawwannaa fudhachuu yookiin kennuu yookiin gaafachuu dha.
13) **"Balleessaa Badii Naamusaa Cimaa"** jechuun qajeelfama kanaan qajeeltoowwan naamuusa ibsaman irra darbuun gocha faallaa raawwachuudha.
14) **"Dambii"** jechuun Dambii Sirna Raawwannaa Naamusaa fi Dhiyeeffannaa Komii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa dha.
15) **"Eeruu kennuu"** jechuun malaammaltummaa yookiin seera, dambii fi qajeelfama irra darbuun badii maallaqaa fi qabeenya mootummaa irratti raawwatamu isaa yookiin badii naamusaaa raawwatame yeroo, iddoo fi haala yakkichi itti raawwatame bilbilaan, barreeffaman, imeeliin, faaksiin yookiin qaaman dhiyaachuun kennuudha.
16) **"Nama"** jechuun nama uumamaa fi dhaabbata qaamni seerummaa kennameefi dha.
17) **"Koree Naamusaa"** jechuun badii hojjetaan mootummaa raawwatu qulqulleessee yaada murtii kan dhiyeessuu dha.
18) **"Gaafatamummaa"** jechuun aangoo fi gahee hojii kennameef keessatti raawwachuu fi raawwachuu dhiisuun gaafatamummaa dhufu dha.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

19) **"Komii"** jechuun hojjetaan mootummaa itti gaafatamaa dhiyoo yookiin itti gaafatamaa hojii ilaallatu waliin marii taasifamuun hiikamuu kan hin dandeenyee fi adeemsa qulqulleessuu idileetiin iyyata deebii argachuu qabuudha.

20) **"Bu'uuralee Sirna Komii"** jechuun meeshaalee, tooftaalee yookiin malawwan adda adda lammiileen kenninsa tajaajila mana hojii mootummaan kennamu irratti komii yoo qabatan yookiin itti quufinsa dhabuu isaanii qaama dhimmii ilaaluuf dhoksanis ta'ee ifatti ibsachuu dandeessisan ta'ee qunnantii bilbilaa fi ergaa tolaa, saanduqaa yaada, qondaala naamusaa, waltajjii marii hawaasa, galmee yaada fi kkf ni dabalata.

3. **Barbaachisummaa Qajeelfamichaa**

1) Pabliik sarvaantii naannichaa naamusaa gaarii gonfatee tajaajila si'aataa, gahumsa qabu, bu'aa qabeessa ta'e lammiif kennuu akka danda'u gochuun itti quufiinsa fi amantaa ummatni tajaajila manneen hojii mootummaa irratti qabu mirkaneessuudhaf.

2) Hojii fi hojiimaata mootummaan ummataaf kennuu keessatti fedhiin ummataa akka mirkanaa'uu, fedhii mootummaa fi mirgaa hojjeta Mootummaa Naannoo Oromiyaa gidduu jiruu akka walsimuu yookiin akka wal madaaluu gochuuf sirni ogummaa fi ogummaa'u, istaandaardiin ogummaa fi kennaa tajaajila akka jiratu taasisudhaan gaafatamummaa hojii fi ogummaa irratti mirkaneessuun waan barbaachiseef.

4. **Ibsa Koorniyaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

5. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Manneen Hojii Mootummaa fi Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi caasaa sadarkaan jiraan keessatti hojjettoota Labsii Lakk. 215/2011tiin bulaan irratti raawwatinsa ni qabaata.

6. **Kaayyoo Qajeelfamichaa**

1) **Kaayyoo Gooroo**

Duudhaalee ijoo Pabliik Sarviisii keessatti jirachuu qabaniin naamusni gaariin akka dagaaguu gochuun kenninsi tajaajiloota manneen hojii mootummaa ga'umsa kan qabu fi bu'aa qabeessaa taasisudhaan sirna gaafatamummaa guutuun manneen hojii keessatti akka mirkanaa'uu gochuuf ilaalchota fi gochoota kiraassasabdummaa bifa garaagaraan ibsaman manneen hojii keessatti mul'atan hambisuuf seera fi qajeelfamoota beeksisuun fi sirnaan hojiirra akka hojiirra oolaan gochuudha.

Kookabee Didhaa Bisaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvi
fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

2) **Kaayyoo Gooree**

a) Amantaa fi ittiquufiinsa lammiilee guddisuuf kenninsi tajaajiloota manneen hojii mootummaa ga'umsa kan qabu fi bu'aa qabeessaa akka ta'u gochuuf,

b) Sirna gaafatamummaa guutuun manneen hojii keessatti akka mirkanaa'uu gochuuf badiin namuusa akka hin raawwatamne hubachiisuu, badiin namuusaa raawwatamanii yoo argaman sirna tarkaanfii sirreessa fudhachiisuu dandeessisuu diriirsuuf,

c) Ilaalchoota fi gochoota kiraa sassabdummaa manneen hojii keessatti bifa gargaraan mul'atan hambiisuuf walitti dhufeenyii fi hariiroon hojii gaarii hawaasa manneen hojii keessatti akka dagaagu gochuun raawwii hojii mootummaa guddisuuf.

Boqonnaa Lama
Qajeeltoo Naamusaa Waliigalaa fi Badiiwwan Naamusaa

7. **Amanamummaa**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

a) Amaanaa ummataan itti kenname ogummaa fi hojii dhuunfaan hawaasni mana hojichaa irratti amantaa akka qabaatu taasisuun gaggeessuu yookiin raawwachuu qaba.

b) Heera mootummaa federaalaa fi naannootiif amanamaa ta'u qaba.

c) Seerootaa fi dambiilee mootummaa naannichaan bahaniif amanamaa ta'uu fi hojii isaa raawwachuuf dirqama qaba.

d) Hojii isaa qajeelfama fi hojimaata manni hojii baasu bu'uura gochuudhaan raawwachuu qaba.

e) Gocha seeraan ala miiltoo mana hojichaatiin yoo raawwatamu ittigaafatamaa dhiyootiif beeksiisuu qaba.

2) Qajeeltoowwan naamusaa kana jalatti dirqamoota tarreeffaman cabsuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.

a) Miltoon mana hojichaa hojii itti kennamee raawwachuu dhabuu isaa, osoo beekuu itti gaafatamaa dhiyoof beeksisuu dhiisuu,

b) Gocha seeraan alaa yookiin hir'ina naamusaa yookiin gocha sirrii hin taane miiltoo mana hojii isaa, hogganaa isaatti yookiin qondaalaa naamusatiif beeksisuu dhiisuu,

Kookabee Didhaa Disaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarv
Fi Misooma Qabeenya Nam
Oromiyaa

c) Hojiin tokko akka hin hojjatamne yookiin murtiin akka hin raawwatamne gufuu umuu yookiin namoota hojiin akka hin hojjatamne barbaadaan waliin tumsuu,
d) Murtee raawwii imaammata mootummaa irratti odeeffannoo miidhaa geessisu ta'e jedhani ibsuu.
e) Hojjettoota seeraan heyyamameef ala tajaajila yookiin qabeenyaa yookiin maallaqaa seeran ala fayyadamuu yookiin faayidaa dhuunfaatiif oolchuu,
f) Sa'aatii hojii mana hojichaatti hojii dhuunfaa yookiin kan nama biraa raawwachuu,
g) Sababa gahaa malee rakkoo hojii isaa irratti qunnaman hoggansa yookiin qaama dhimmi ilaallatuuf yeroon beeksisuu dhiisuu,
h) Qabeenya mana hojii irratti hannaa yookiin gocha amantaa hir'isuu raawwachuu,
i) Gochaa walfakkaata raawwachuu

8. **Ejjannoo Gaarii**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:
   a) Amaanaa itti kenname ta'e haaluma ogummaan taa'ee jiruun hawaasni abbaa taayitaa irratti amantaa akka qabaatu taasisuun gaggeessuu qabu.
   b) Naamusaa gaarii agarsiisuun hojii isaanii gahumsa, naamusaa ogummaa olaanaa, of eggannoo fi si'aa'inaan raawwachuu qaban.
   c) Hojii seeraan ala hojjachuu irraa, gocha sirrii hin taaneefi hojimaata badaarraa ofqusachuun qaba.
   d) Jiru hawaasummaa fi dhuunfaa isaaniitti hawaasni irratti amantaa fi kabaja haala eegsisuu yookiin gabbisuu dandeesisuun gaggeessuun kabajaa fi maqaa mana hojii eegsisuun isaa irra jiraata.
2) Qajeeltoo naamusaa kana jalatti dirqama eeraman darbuun badiiwwan armaan gadi raawwachuun nama adabsiisa.
   a) Hojii irratti ramadamani itti yaaduudhaan yeroon hojjachuu dhiisuu,
   b) Hojii irratti ramadame yookiin kan walfakkaatu akka hojjatu yemmuu ajajamu sababa gahaa malee hojjachuu dhiisuu yookiin diduu.
   c) Hojjattootni hojii idilee isaanii akka hin hojjane kakaasuu yookiin hojjeta gidduutti wal-dhabdee uumuu yookiin olola sobaa gaggeessuu fi sababa hojjettoota waliin walta'iinsa hin qabanneef adeemsa hojii irratti gufuu ta'u.
   d) Dawaa yookiin baala sammuu nama adoochu yookiin dhugaaatii nama macheessuu gara dallaa waajjirichaatti qabatanii galuu yookiin machiidhaan hojii

Kookabee Didhaa Dhaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Biiroo Misooma Qabeenya Namaa
Public Service Management Bureau

irratti argamu yookiin iddoo hojiitti baala sammuu nama hadoochuu fudhachuu yookiin kutaa hojii keessatti sigaaraa xuxuun hojjettoota biroo rakkisuu.

e) Dandeettii hojii osoo qabuu yookiin osoo beeku humna fi beekumsa guutuu qabu hojiirra oolchuu dhabuu yookiin hojiin walqabatee dirqama irra eeggamu bahuu dhiisuu.

f) Hojii sadarkaa naamusni ogummaa hojii gaafatuun raawwachuu dhiisuu.

9. **Qabeenyaa Mootummaa Sirnaan Fayyadamuu**

1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu:

a) Qabeenya mootummaa fi sa'aatii hojii mootummaa haalan hojii irra oolchuu qaba.

b) Maallaqaa mootummaa, qabeenya (meeshaalee fi humna namaa) fi sa'aatii hojii faayidaa dhunfaatiif olfachuu hin qabu.

2) Qajeeltoo naamusaa keewwata kana jalatti dirqama tarreeffaman cabsuun akkaataa ulfaatina fi miidhaa qaqqabeen badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.

a) Yeroo hojii mootummaa, meeshaalee hojii fi qabeenyoota biroo faayidaa dhuunfaa isaatiif oolchuu,

b) Qabeenyoota mootummaa hojiif fudhatee fi itti fayyadamu kununsuu fi sirnaan itti gargaramuu dhabuu,

c) Sa'aatii hojii mootummaatti hojii fi sababa malee kutaalee hojii adda adda irra asii fi achii naanna'uu.

d) Heyyamni yoo kennameef malee kompiiteroota, maashinoota footokoppii, faaksii fi kanneen biroo dhimma dhuunfaatiif fayyadamu, yookiin namni biroo akka fayyadamu taasisuu yookiin haala miijeessuu

e) Meeshaalee teeknolojii qunnamtii adda addaa hojiif harkaa isaa galee kan akka bilbilaa, interneetii fi kkf dhimma dhuunfaaf fayyadamuu,

f) Konkolaataa, GPS (Global Positioning System), kaameera, vidiyoo kameera, mootora fi K.K.F hojiif kennameef faayidaa diinagdawaa dhuunfatiif oolchuu.

g) Meeshaa waraanaa, bobbaa'a garagaraa salphaatti ibiddaan gubachuu danda'anii fi fayyaa irratti miidhaa geesisan naannoo fi iddoo hojii qabatanii dhaquu,

h) Qabeenya mana hojichaa irratti ta'e jedhee yookiin of eeggannoo gochuu dhabuun miidhaa geessisuu,

i) Mallaaqa hojiif itti kennamee yookiin to'annoo isaa jala jiru hojii mootummaa qofaaf fayyadamuu dhabuu.

Kookabee Didhaa Disaaraa
Hoggantuu Biiroo Publiik Sar...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif Biiroo Hojii Ga... Publiik Sarvisii fi Misooma Qabeenyaa Namaa
The Oromia National... Public Service and Hu...

10. Iftoomina

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:
   a) Hojiin isaa iftoomina qabachu qaba, odeeffannoo hawaasichi beeku qabuu fi kan iccitiin hin qabamne dhoksuu hin qabu.
   b) Murtee fi tajaajiloota kennuun ifa ta'uu fi murtee yookiin tajaajila kennuun ilaalchisee tajaajilamtoota irra gaaffii dhihaatuuf seeraa fi qajeelfama hordofuun kabajaa fi ulfina abbaa dhimmaa eeguun ibsa fi deebii quubsaa ta'ee kennuu qaba.
2) Qajeeltoowwan naamusaa armaan olitti tarreeffaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.
   a) Gaaffilee seera qabeessa ta'anii fi odeeffannoo hin dhorkamne yookiin iccitummaa hin qabnee abbaa dhimmaa kennuuf hayyamamaa ta'u dhabuu.
   b) Murtee dabarsuuf sababa yookiin ibsa barbaachisaa qaama dhimmi ilaaluu yoo gaafatu kennuu diduu.
   c) Karooraa fi odeeffannoo raawwannaa hojii qorachuuf nama dandeessisu qaama dhimmi ilaaluun yoo gaafatamu yeroon kennuu dhabuu.
   d) Tajaajila kennamu irratti odeeffannoo gahaa, haaldureewwan tajaajilamaa irra barbaadamu, istaandardii hojii tajaajilichaa beeksisuu dhabuu fi haala sanaan tajaajilu dhabuu.
   e) Hojiimaattoota iftoominaa kanneen akka baajii manni hojii qopheesse fayyadamuu dhabuu.

11. Iccitii Eeguu

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:
   a) Iccitiiwwaan sababa ogummaa fi hojiitiin beeku yookiin harka isaa gale eeguu qaba. Odeeffaannoowwan iccitummaa hin qabne yookiin ummanni beekuu yookiin odeeffannoo maamiilan beekamu qabu ibsuuf qaama odeeffannicha barbaadeef dabarsuu qaba.
   b) Sanadoota fi ragaalee sababa gahee hojiitiin harka isaa gale of-eeggannoon eeguu qaba.
   c) Mana hojichaa erga gadi lakkisee yookiin iddoo biratti erga jijjiramee booda, sababa hojiitiin iccitiiwwan beeku eeguu qaba.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

d) Balleessaa saaxiluuf qaama dhimmi ilaaluuf odeeffannoo iccitummaa qaban beeksisuun akka iccitii baasuutti hin ilaalamu.

2) Qajeeltoo naamusaa armaan olitti tarreeffaman darbuun badiiwwan armaan gadi raawwachuun ni adabsiisa.

a) Odeeffannoo iccitummaa qabu yookiin hin eeyyamamiin haala kamiinu ibsuu yookiin baasuun qaamni biraan akka itti fayyadamu gochuu.

b) Odeeffannoo iccitummaa qabu faayidaa dhuunfaaf yookiin faayidaa nama biraatiif oolchuu yookiin akka ooluu taasisu.

c) Sanadoota fi ragaalee sababa hojiitiin harka isaa gale of-eeggannoon eeguu dhabuu.

d) Odeeffannoo hojimaata mana hojichaa yookiin biyyaa yookiin tajaajilamaa irratti miidhaa dhaqabsiisuu sababa gahaa fi seera qabeessa hin taaneen ibsuu.

12. **Haqummaa**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

a) Waadaa sababa hojii mootummaatiin galee eeguu fi kabajuu qaba.

b) Hojii waliin dhahuu, abbaa dhimmaa fi hojjeta gidduu deemuu irra fi aangoon garmalee fayyadamu irra qulqulluu fi walaba ta'u qaba.

c) Hojii walqabatee maamilaa irraa kennaa yookiin keessummeessa, affeerra, affeerra dawwanna, leenjii yookiin barnoota kamiyyuu gaafachuu yookiin fudhachuu hin qabu.

2) Qajeeltoo naamusaa kana jalatti tuqaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.

a) Malaammaltummaa raawwachuu, waliin dhahuu, aangoon garmalee fayyadamuu, sanada haquu yookiin faajjii fi chaappaa mana hojiicha gocha seeraan alaatiif fayyadamuu yookiin matta'aa fudhachuu yookiin akka kennamuuf gaafachuu, dallaalaa ta'uu, lakkoofsa herrega baankii dhuunfaa hojii matta'a dadabarsuuf oolchuu, matta'aan akka kennamuu haala mijeessu.

b) Faayidaa isaaf hin mallee sobaan yookiin seeraan ala ta'e jedhee gaafachuu.

c) Faayidaa isaaf hin mallee sobaan yookiin seeraan alaa mana hojiirra fudhachuu.

Kookabee Didhaa Disaa...
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sar...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

d) Tajaajila kennuun walqabatee maamilaa irraa kennaa, afferra, affeerra dawwannaa yookiin keessummeessa gaafachuu.

e) Tajaajila kennuun walqabatee kennaa yookiin keessummeessa fudhachuu yookiin fudhachuuf gaafachuu.

f) Qaama dhimmi ilaalatuun yoo hayamame malee, mana hojii keessatti qaama kamirrayyuu deeggarsa gaafachuu.

g) Dhimma mana hojii isaa waliin walqabatee dhimma raawwachisuu irratti bobba'uu yookiin hojiiwwan walitti bu'insa faayidaa qaban irratti bobba'u.

h) Ragaa barnootaa fi muuxannoo hojii sobaa dhiyeessuu yookiin qabatanii argamuu yookiin kuusaa dhuunfaa waliin walqabsiisuu.

13. **Gaafatamummaa**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:
   a) Murteewwan kennuu fi hojiiwwan gaggeessuuf itti gaafatamummaa guutuu waan qabuuf, hojii raawwatuuf sababa gahaa kennuu qaba yookiin ejjenno sirri qabachuun hojjechuu qaba.
   b) Imaammataa, sagantawwan fi tarsiimoo mootummaan baasuu raawwachuu fi raawwachiisuu dirqama qaba. Kunis seerota bahaan kabaju fi kabachisuun ibsama waan ta'eef hojii irra oolchuun dirqamadha.
   c) Beekumsa fi dandeettii qabu hundaa faayidaa mana hojii isaaf oolchuu qaba.
   d) Hojiiwwan qophii karooraa, madaallii raawwii fi gamagamaa geggeffamu yeroo fi bakka isaatti argamuun irratti hirmachuuf dirqama qaba.
   e) Madaalliin raawwii hojii yeroo yeroon gaggeeffamuu quubsaa ol ta'uu qaba.
   f) Hordoffii fi gamaggama guyyaa guyyaan taasifamu irratti gaaffii gaafatamuuf deebii sirrii fi quubsaa ta'e kennuu qaba.
2) Qajeeltoowwan naamusaa hojii kana jalatti tarreeffaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.
   a) Hojiiwwan raawwataman qulqullinaa fi yeroon qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu dhiisu.
   b) Leenjii fi deeggarsi barbaachiisaa ta'ee erga kennameefi booda walitti aansuun yeroo lama madaalliin raawwannaa hojii isaa quubsaa gadi ta'uu.

Kookabee Didhaa Disaa...
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sar...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatii Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa
The Oromia National Regional Government Public Service and Human Resource Development Bureau

c) Hojiiwwan raawwataman ta'ee jedhanii qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasa sobaa yookiin gabaasa sirri hin taane dhiyeessuu.

d) Hojiiwwan raawwataman xiyyeeffannoo kennuu dhabuun yookiin maal na dhibdeedhaan qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasa sobaa yookiin sirrii hin taane dhiyeessuu.

e) Hojii kennameef sababa gahaa hin taaneen yeroon raawwachuu dhiisuu yookiin lafa irra harkiisuun abbaa dhimmaa dhamaasuu.

f) Aangoo osoo hin qabaatin ragaa kompitaraan qabame ballessuu yookiin jijjiiruu yookiin ragaa sobaa itti galchuu.

g) Itti gaafatamummaa osoo qabuu, ragaawwan hojii fi ogummaa isaatiin walqabatan yoo gaafatamu sababa gahaa malee yeroon kennuu dhabuu.

h) Itti gaafatamummaa osoo qabuu, ragaawwan hojii isaatiin walqabatan yoo gaafatamu ta'e jedhee kennu diduu yookiin kennuu dhabuu, gatuu, balleessuu, akka hin argamne gochuu.

i) Itti gaafatamummaa osoo qabu ragaawwan hojii isaatiin walqabatan yoo gaafatamu ta'ee jedhanii ragaa sobaa yookiin ragaa sirri hin taane kennuu.

14. **Faayidaa Ummataa Dursuu**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:
   a) Faayidaa dhuunfaa, maatii fi kan biroo qaama sadaffaa yookiin gareef osoo hin ta'iin faayidaa hawaasaa fi mootummaa bu'uura godhachuun hojii isaa raawwachuu qaba.
   b) Qabeenya, maallaqaa, madda galii fi faayidaa ofii isaa fi maatii isaa seeraan dirqama qaban beeksiisuufi galmeesiisuu qaba.
   c) Faayidaawwan hojii idilee isaatiin walitti bu'uu danda'u kamiyyuu beeksiisuu akkasumas walitti bu'iinsa faayidaa dhabamsiisuu qaba yookiin hojiiwwan walitti bu'insa faayidaa qaban raawwachuu irra of qusachu yookiin osoo hin beekiin keessatti hirmaate argame qaama dhimmi ilaaluuf yeroon gabasuu qaba.
2) Qajeeltoowwan naamusaa kana jalatti tuqaman darbuun badiiwwan armaan gadi raawwachuun ni adabsiisa.
   a) Gaafatamummaa qabuun faayidaa hawaasaa fi mootummaa dursuu dhabuu.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Biiroo Misooma Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaatti

b) Seeraan dirqama osoo qabuu, madda galii addaa argatu ta'e jedhe qaamaa dhimmi ilaaluuf beeksiisuu dhiisuu.

c) Seeraan dirqama osoo qabuu, madda galii addaa argatu dantaa dhabummaan beeksiisu dhiisuu.

d) Seeraan dirqama osoo qabuu, qabeenya ofii fi maatii isaa galmeesisuuf heyyamamaa ta'uu dhabuu.

e) Seeraan dirqama osoo qabuu, ta'e jedhee galmeessiisa qabeenyaa guutuu hin taane yookiin ragaa sobaa galmeessisuu.

f) Seeraan dirqama osoo qabuu, dantaa dhabummaan galmeessisa qabeenya guutuu hin taanee yookiin sobaa galmeesisuu.

g) Haala kaminiyyuu yeroo hojii mootummaatti hojii biroo hojjachuu.

h) Qajeelfama biroon yoo hayyamamee malee, yeroo hojii mootummaatti mana hojii mootummaa yookiin dhaabbata misooma mootummaa yookiin dhaabbataa dhuunfaa keessatti qacaramuun hojjachuu.

i) Yeroo hojii idilee isaatiin ala mana hojii isaa osoo hin beeksisiin mana hojii biroo keessatti hojjachuu yookiin tajaajila gorsaa kennuun kaffaltii fudhachuu.

j) Gaafatamummaa qabuun murteen kennuu fi hojiin raawwatu faayidaa ummataa dhiisuun kan dhuunfaa, maatii yookiin hiriyyoota isaa eegsisuu, adeemsa imaammataa fi tarsiimoo mootummaa hojiirra oolchuu keessatti faayidaa uummataa fi mootummaaf dursa kennuu dhabuu,

k) Hojiin hattatamaa yeroo qunnamuu faayidaa uummataaf dursaa kennuuf jecha boqonnaatiin hojjachuuf hayyamama ta'uu dhabuu.

15. **Aangoo Sirnaan Fayyadamuu**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

a) Hawaasa haala seera qabeessan akka tajaajiluuf itti gaafatamummaa isaa akka bahu aangoo fi daangaa aangoo gahee hojii isaa seeraan kennameef keessatti fayyadamuu qaba.

b) Labsii, Dambii yookiin qajeelfama fi hojimaata bu'uura godhachuun hojii isaa raawwachuu qaba.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sar...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa
The Oromia National Regional Government Public Service and Human Resource Development Bureau

c) Aangoo isaatiin seeraan ala fayyadamu hin qabu, aangoo isaa faayidaa dhuunfaa argachuuf oolchuu hin qabu.

2) Qajeeltoowwan naamusaa armaan oliitti tuqaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabisiisa.

a) Aangoo garmalee fayyadamuu yookiin angoon seeraan ala fayyadamuu irraa ofqusachuu dhabuu,

b) Aangoon daldaluun yookiin badiiwwan walfakkaata seera yakkaa irratti ta'an aangoo kennameefiin raawwachuu.

c) Aangoo hin qabnen hojjechuu, aangoo kennameefin olitti raawwachuu, ergaa aangoo gadii dhiisee booda ittiin hojjechuun namni sadaffaan garmalee akka fayyadamu yookiin akka miidhamu gochuu hin qabu.

d) Miltoo hojii irratti dhibbaa seeraan alaa uumuu.

16. **Al-Loogummaa**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

a) Haala Loogii hin qabneen murtii barbaachiisaa fi haqa qabeessa ta'e kennuun dirqama hojii isaa raawwachuu qaba.

b) Bifaan, sanyiin, sabaa fi sab-lammiin, naannummaa, koorniyaan, qaama miidhamummaa, afaaniin, amantaan, ilaalchaa siyaasaan yookiin ejjannoo biroon yookiin sababa tilmaamaa hin qabneen garagarummaa osoo hin uumiin hojii isaa raawwachuu qaba.

2) Qajeeltoowwan naamusaa oliitti tuqaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.

a) Gorsa loogiin dhimma ijoo tokko osoo hin bu'uureefatiin nama tokko yookiin garee tokko fayyadu yookiin miidhuu kennuu.

b) Seera qofa bu'uura godhachuun hojjachuu dhabuun loogii uumuu,

c) Gochawwan loogii babal'isan kan akka naannummaa, gosummaa, lagummaa fi sabummaa irra walaba ta'uu dhabuu hojjettota mana hojii giddutti jibbaa fi walshakkiin akka jiraatu taasisu hin qabu yookiin hojjettoota gidduutti ololli yookiin oduu sobaa odeessu irra walaba ta'uu dhabuu.

17. **Seeraa Kabaajuu**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

Kookabee Didhaa Dhaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Buufinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa
Public Service and Human Resource Development Bureau of Oromia National Regional Government

a) Seera kabajuu fi raawwii labsiiwwan, dambiiwwaan, qajeelfamoota hojii isaa raawwaachuuf barbaachisan hordofee hojiirra olchuu fi kabajuu qaba.

b) Hoogganaa oʻaanaa mana hojiichaatiin ajaja seera qabeessa isaaf dabarsu raawwachuuf gaafatamummaa kan qabu taʼuus, ajaja seeraan alaa dabarsuu rawwachu hin qabu.

c) Qajeelfama yookiin ajaja hoggantooni oʻaanaan kennaan seeraan alaa yookiin barbaachiisa yoo hin taanee qajeelfamicha yookiin ajajicha ittigaafatamaa kenneefitti beeksisuu qaba.

2) Qajeeltoowwan naamusaa oliitti tuqaman darbuun badii armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.

a) Seeroota, hojimaata cabsuun yookiin ajajoota seera qabeessaa taʼan kabajuu dhiisuun yookiin hojjattoonni biroo akka hin kabajne dhibbaa gochuun yookiin seeraan alaa akka hojjatan dhiibuu fi jajjabessuu.

b) Heyyama ittigaafatamaa dhiyoo osoo hin argatin hojiirra hafuu.

c) Hojii irra hafuun isaa hojiiratti miidhaa guddaa akka geesisuu osoo beekuu, heyyama itti gaafatamaa dhiyoo osoo hin argatin, sababa humna ol hin taaneen hojii irra hafuu.

d) Yeroo seensaa fi bahiinsa hojii kabajuu dhiisuu yookiin itti gaafatama dhiyoo osoo hin beekisiisiin seenanii bahuu yookiin toʼannoo yeroo mallatteessuun hojii irra baduu yookiin heyama qaama dhimmi ilaaluu malee mallatto yeroo hin mallattaʼiin hafee ofiin mallatteessuu yookiin fuula duraa deemuun mallatteessuu.

e) Saʼaatii hojii mootummaa guutummaan hojii irratti dabarsuu dhabuu,

f) Iddoo yookiin naannoo hojiitti jeequmsa yookiin walitti buʼinsa uumuu yookiin hojjettootni biroo akka jeeqan kakasuu, gareen akka namni walitti buʼuu gochuu yookiin miltoo mana hojii isaa doorsisuu, arrabsuu yookiin reebuu yookiin reebuuf yaaluu hinqabu

g) Abbaa dhimmaa sirnaan simaachu dhabuu yookiin waan abbaan dhimmaa barbaadu qalbiin ibsuun hubachisurra ifaachu, dhimma beellama hin barbaanneef abbaa dhimmaa beellamaan deddebisuu

h) Yakka kamiyyuu iddoo hojiitti yookiin naannoo hojiitti raawwatanii argamuu.

Kookabee Didhaa Dhaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

i) Seeraa yookiin ajaja seera qabeessa yookiin sirna hojimata yookiin imaammata mootummaa sirnaan hojiirra oolchuu dhabuun ta'e jedhame hojii irratti miidha geesisuu yookiin deeggarsa yoo gaafatamu deeggaru dhabuu.

j) Seerootaa fi qajeelfamoota heera mootummaa bu'uureefatanii bahan kabajee gahumsaa fi beekumsan hojiirra oolchuu dhabuu.

k) Mana hojii isaa keessatti gochi seeran alaa raawwatamuu isaa osoo beekuu hattatamaan qaamoota dhimmi ilaaluti beeksisisuu dhabuu.

l) Ajaja seeraan alaa yookaan qajeelfama hin mallee hojjetaa yookiin hogganaa isaa jala jiruuf dabarsuu.

m) Murteen kennuu daangaa aangoo seeraan murtaa'ee kennameef keessatti ta'uu isaa mirkaneeffachuu dhabuun hojii irra oolchuu miidhaa qaqqabsisu hambisu dhabuu

n) Miidhaa yookiin dhibbaa koorniyaa irra gahu falmuu yookiin mormuu, raawwachuu fi saaxiluu dhiisuu.

18. **Gaaffii Maamilaaf Deebii Hattatamaa Kennuu**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

a) Abbootii dhimmaatiif kabajaa barbaachisuu kennuun fuula gaarii agarsiisuun gaaffii dhiyaataniif sirnaan dhaggeffachuun furmaata barbaachisu istaandardii manni hojii kenninsa tajaajilaaf ka'ee keessatti deebii kennuun itti quufinsa isaanii mirkaneessuu qaba.

b) Abbootiin dhimmaa odeeffannoo dhabuu irra kan ka'ee, obsa dhabuu, muufachu fi aaruu waan danda'aniif, obsaan dhageeffachuu yaada, gaaffii dubbii qabaan akka dubbatani fixatan gochuun sirnaa fi seeraan keessumeesuutu irra eeggama.

2) Qajeeltoowwan naamusaa kana jalatti ibsaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabisiisa.

a) Abbaa dhimmaatiif amala gaarii agarsiisuu dhabuu yookiin gargaarsa gochuuf heyyamama ta'u dhabuu yookiin fuula gaariin simaachu dhabuu.

b) Tajaajiloota Abbootiin dhimmaa dhiyeessaniif si'aa'inaa fi istaandardii tajaajilaa ta'een deebii kennuu dhiisuu yookiin abbootii dhimma seeraan ala yookiin garmalee deddeebisuu.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

c) Sababa gahaa fi seera qabeessa hin taaneen dhimmoota yookiin iyyannoowwan tursiisuun abbaa dhimmaa deddebisuu yookiin ulaagaa qajeelfama guutaamuu qabuu hin guutamiin hafee ibsuu dhabuu.

d) Ulaagaa qajeelfaman ta'een alatti ulaagaa kan biraa akka abbaan dhimmaa dhiyeessuu gaafachuun deebii hattattama kennuu dhabuu yookiin abbaa dhimmaa rakkisuu yookiin dhimma lafa irra harkisuu.

e) Kabajaa fi ulfina abbaa dhimmaa tuquu, jechoota hin barbaachifne dubbachuu

f) Ragaa fi iyyaata abbaa dhimmaa fudhanii hin fuunee jechuu yookiin gatuun yookiin iddoo itti walqabachuu qabuutti qabsisuu dhabuun ragaan akka baduu gochuu.

19. **Amala Gaarii Qabaachuu**

1) Hojjetaan Mootummaa kamiyyuu:

a) Hojii mootummaa yeroo raawwatu fi hawaasa keessa jiraatu adda durummaan fakkeenya ta'uun fakkeenyummaa fi amala gaarii irra eegamu mul'isuun qajeeltoo qajeelfama kana keessatti ilaalaman gabbisuu fi gochaan akka hiikaan gargaaruu qaba.

b) Miirri itti gaafatamummaa kan itti dhaga'amu, jijjiramaaf kan hojjetuu, maqaa gaarii mana hojichaa kan eeguu fi aadaan hojimata akka gabbatu wal-amanuun hundeen lafa akka qabatuufi cimee jabinaan akka turu kan taasiisu ta'u qaba.

2) Qajeeltoowwan naamusaa kana jalatti tuqaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabsiisa.

a) Tajaajilamtoota yookiin miiltoo mana hojiicha haala namuusaa gaarii gonfateen kessummessuu dhiisuu

b) Itti gaafatamummaa osoo qabu, hojimata fi qajeeltoowwan naamusaa mana hojichaa hojjettoota haaraa qaxaramaniif beeksiisu dhiisuu.

c) Mana hojii isaa irra hojii garee akka hojjatu ajajni yoo kennamu, sababa gahaa malee hojjachuuf heyyamama ta'uu dhiisuu.

d) Raawwii hojii fi amala dhuunfaa isaa uummaatni mana hojii isaa irratti amantaa guutuu kan qabaatu taasisuu dhiisuu,

e) Hojii isaa ga'umsa ol'aanaatiin of-eegannoon, jabinaan fi miira tajaajiltummaan raawwachuu dhiisuu.

Kookabee Didhaa Disaa...
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sar...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

f) Iddoowwan safuu fi aadaa hawaasa tuqaanitti argamuu dhiisuu yookiin gochaawwan faallaa safuu fi aadaa ummaata raawwachuu dhiisuu.

g) Mana hojii isaa yeroo gadi lakkisuu sanadoota, qajeelfamootaa fi meeshaalee hojiif fudhatee ture deebiisuu dhabuu.

h) Hariiroon miltoo hojii isaa waliin qabu hojii gidduu galleessaa kan godhatee, wal-irra barachuu fi hariiroo hawaasummaa kan laaffisuu ta'uu.

i) Yaada kenniinsaa tajaajilaa irratti maamilaan dhiyaatu yeroon ibsa sirrii, deebii fi sirreeffamaa fi odeeffannoo kennuu dhiisuu.

20. **Sirna Seekulaariizmii Kabajuu**

1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu:
   a) Qajeeltoo addaan ba'iinsa amantaa fi mootummaa amantaa guutuun fudhatee hojiirra oolchuu dirqama qaba.
   b) Mana hojii mootummaa keessatti tajaajila mootummaan ummaata kennuu keessatti ejjennoo fi ilaalcha paartii siyaasa kamiillee tarkaanfachisuu hin qabu.
   c) Haala kaminiyyuu tajaajila yeroo kennuu garagarummaa amantii fi siyaasa irratti hundaa'ee raawwachuu yookiin gochaa kamiyyuu dhibbaa amantii fi siyaasa irratti fidu raawwachuu hin qabu.
2) Qajeeltoowwan naamusaa kana jalatti tuqaman darbuun badiiwwan armaan gadii raawwachuun ni adabisisa.
   a) Mana hojii mootummaa keessatti, sa'aatii hojii mootummaatti dhimmoota amantiin walqabatan mala kaminiyyuu dhageeffachuu yookiin ilaalu,
   b) Ergaa fi maxxansawwan adda addaa amantiin walqabatan mana hojii yookiin kutaa hojii keessatti maxxansuu.
   c) Mana hojii keessatti meeshaaalee hojii mootummaatiif itti kenname teeknolojii adda addaatti gargaaramuun amantaa tarkaanfachisuu yookiin agarsisuu,
   d) Mana hojii yookiin kutaa hojii keessatti dhimmoota amantii irratti dhuunfaan yookiin gareen walfalmuu yookiin walmormuu,
   e) Gochawwan amantiin walqabatee kamiyyuu mana hojii keessatti yookiin mooraa keessatti raawwachuu.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Public Service and Human Resource Development Bureau
The Oromia National Regional Government

f) Ragaa mana hojii isaa sababa hojiitiin harkaa isaa galee yookiin beekee dantaa siyaasaatiif oolchuu.

g) Hiriira seeraan alaa irratti hirmachuu, akka gaggeeffamuu qindeessuu yookiin kakaasuu.

h) Teekinolojiiwwan qunnamtii odeeffannoo mootummaan akka hojii karaa salphaa taa'en ittiin hojjetamuuf haala mijeesseetti fayyadamudhaan tajaajila midiyaa hawaasaa siyaasaatiif itti faayyadamuu, ejjennoowwan paartii siyaasaa calaqqisan ittiin ibsuu yookiin xinxaalaa siyaasa ta'uun.

Boqonnaa Sadi
Haala Badii Naamusaa fi Tarkaanfii Itti Fudhatamu

21. Kaayyoo fi Raawwii Adabbii Naamusaa

1) Hojjetaa mootummaa irratti adabbii namuusaa fudhatamuuf
   a) Hojjetaa mootummaa naamusaa gaariin gonfate horachuuf,
   b) Hojjetaan badii naamusaa akka hin raawwanne barsiisuuf badii naamusaa raawwate yoo argamees tarkaanfii sirreeffama barbaachisaa ta'ee fudhachuu fi
   c) Sirni iftoomina fi itti gaafatamummaa diriirsuuf

2) Raawwii adabbii naamusaa hojjettoota mootummaa irratti fudhatamu.
   a) Hojjetaan hojii isa seeraan hin raawwanne yookiin waan raawwachu hin qabne raawwachuu isaatiin badii isaatiif hariiroo hawaasaatiin yookiin yakkaan gaafatamummaan isaa akkuma eegameetti ta'ee, badii dhaqabsisuuf bu'uura qajeelfama kanaatiin tarkaanfiin bulchiinsaa barbaachisaa ta'e irratti fudhatama.
   b) Adabbiiwwaan badii naamusaatiin raawwataman kamiyyuu murtii manni murtii kennuu osoo hin eeggatin raawwatamu ni danda'a.
   c) Balleessawwan naamusaa akkaataa miidhaa fi ulfaatina isaaniitiin yommuu raawwatamni adeemsa tarkanfiin adabbii isaa xiqqaa irra eegaaluun osoo hin barbaachisiin akkaataa ulfina badii raawwatameen manni hojii tarkaanfii adabbii naamusaa fudhachuu ni danda'a.

22. Gosoota Adabbii Naamusaa

1) Adabbii naamusaa Salphaa
   a) Akeekkachiisa Afaanii,
   b) Akeekkachiisa Barreeffamaa fi
   c) Adabbii mindaa hanga guyyaa kudha shan (15) gahu

Kookabee Didhaa Disgaaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

The Oromia National Regional Government
Public Service and Human Resource Development Bureau

2) Adabbii Naamusaa Cimaa
   a) Adabbii mindaa guyyaa 15 olii hanga ji'a sadii
   b) Sadarkaa hojii fi mindaa irra gadi buusuu fi
   c) Hojii irra gaggeessuudha.

23. **Badiiwwan Naamusaa Adabbii Naamusaa Salphaa Hordofsiisan**

1) Miltoon mana hojichaa hojii itti kennamee raawwachuu dhabuu, osoo beekuu itti gaafatamaa dhiyoof beeksisuu dhiisuu.
2) Gocha seeraan alaa yookiin hir'ina naamusaa yookiin gocha sirrii hin taane miiltoo mana hojii isaa hogganaa isaatti yookiin qondaalaa naamusatiif beeksisuu dhiisuu.
3) Sababa gahaa malee rakkoo hojii isaa irratti qunnaman hoggansa yookiin qaama dhimmi ilaallatuuf yeroon beeksisuu dhiisuu,
4) Heyyamni yoo kennameef malee kompiiterota, maashinoota footokoppii, faaksii fi kanneen biroo dhimma dhunfaatiif fayyadamu yookiin namni biroo akka fayyadamu taasisuu yookiin haala mijeessuu,
5) Gaaffilee seera qabeessa ta'anii fi odeeffannoo hin dhorkamne ykn iccitummaa hin qabnee abbaa dhimmaaf kennuuf hayyamamaa ta'u dhabuu,
6) Karooraa fi odeeffannoo raawwanna hojii qorachuuf nama dandeessisu qaama dhimmi ilaaluun yoo gaafatamu yeroon kennuu dhabuu.
7) Hojimaata iftoomina kanneen akka baajii manni hojii qopheesse ittifayyadamu dhabuu,
8) Sanadoota fi ragaalee sababa hojiitiin harka isaa gale of-eeggannoon eeguu dhabuu.
9) Qaama dhimmi ilaalatuun yoo hayamame malee, mana hojii keessatti qaama kamirrayyuu deeggersa gaafachuu,
10) Leenjii fi deeggarsi barbaachiisaa ta'ee erga kennameefi booda waliitti aansuun yeroo lama madaalliin raawwannaa hojii isaa quubsaa gadi yoo ta'ee,
11) Hojiiwwan raawwataman qulqullinaa fi yeroon qaama dhimmi ilaaluf gabaasuu dhiisu.
12) Hojiiwwan raawwataman xiyyeeffannoo kennuu dhabuun yookiin maal na dhibdeedhaan qaama dhimmi ilaallatuf gabaasa sobaa yookaan sirri hin taane dhiyeessu.
13) Seeraan dirqama osoo qabuu, maddaa galii addaa argatu dantaa dhabummaan beeksiisu dhiisuu,
14) Miltoo hojii irratti dhibbaa seeraan alaa uumuu,

Kookabee Didhaa Disaaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sar...ii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

15) Gorsa loogiin dhimma ijoo tokko osoo hin bu'uureefatiin nama tokko yookiin garee tokko fayyadu yookiin miidhuu kennuu.
16) Heyyama ittigaafatamaa dhiyoo osoo hin argatin hojiirra hafuu,
17) Yeroo seensaa fi bahiinsa hojii kabajuu dhiisuu yookaan itti gaafatama dhiyoo osoo hin beekisiisiin seenaanii bahuu yookiin to'annaa yeroo mallatteessuun hojii irra baduu yookiin heyyama qaama dhimmi ilaaluu malee mallattoo yeroo hin mallatta'in hafee ofiin mallatteessu yookiin fuula duraa deemuun mallattessuu.
18) Sa'aatii hojii mootummaa guutummaan hojii irratti dabarsuu dhabuu, midiyaa hawaasa fayyadamuun hojii mootummaa miidhuu,
19) Seerootaa fi qajeelfamoota heera mootummaa bu'uureeffatanii bahan kabajee gahumsaa fi beekumsan hojiirra oolchuun dhabuu,
20) Murteen kennuu daangaa aangoo seeraan murtaa'ee kennameef keessatti ta'uu isaa mirkaneeffachuu dhabuun hojii irra oolchuu miidhaa qaqqabsisu hambisu dhabuu,
21) Abbaa dhimmaatiif amala gaarii agarsiisuu dhabuu yookiin gargaarsa gochuuf heyyamama ta'u dhabuu yookiin fuulaa gaariin simaachuu dhabuu.
22) Kabajaa fi ulfina abbaa dhimmaa tuquu, jechoota hin barbaachifne dubbachu,
23) Itti gaafatamummaa osoo qabu, hojimata fi qajeeltoowwan naamusaa mana hojichaa hojjettoota haaraa qaxaramaniif beeksiisu dhiisuu,
24) Mana hojii isaa irra hojii garee akka hojjatu ajajni yoo kennamu, sababa gahaa malee hojjachuuf heyyamama ta'uu dhiisuu,
25) Mana hojii isaa yeroo gadi lakkisuu sanadoota, qajeelfamootaa fi meeshaalee hojiif fudhatee ture deebiisuu dhabuu.
26) Hariiroon miiltoo hojii isaa waliin qabu hojii gidduu galeessaa kan godhatee, wal-irra barachuu fi hariiroo hawaasummaa kan cimsuu ta'uu dhiisuu,
27) Mana hojii yookiin kutaa hojii keessatti dhimmoota amantii irratti dhuunfaan yookiin gareen walfalmuu yookiin walmormuu,
28) Gochawwan amantiin walqabatee kamiyyuu mana hojii keessatti yookiin mooraa keessatti raawwachuu
29) Badiiwwan naamusaa armaan olitti tarreeffamanin kan walfakkaatu balleessa kan biroo raawwachuun adabbii naamusaa salphaa hordofsiisudha.

24. Badiiwwan Namuusa Adabbii Namuusaa Cimaa Hordofsiisan

Badiiwwan adabbii namuusaa cimaa akkaataa qajeelfama namuusaa kanaatti kanneen armaan gadiitti tarreeffaman raawwatani argamudha.

Kookabee Didhaa Disaaraa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarv...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa
Public Service ...

1) Hojiin tokko akka hin hojjatamne yookiin murtiin akka hin raawwatamne gufuu umuu yookiin namoota hojiin akka hin hojjatamne barbaadaan waliin tumsuu.

2) Murtee raawwii imaammata mootummaa irratti odeeffannoo miidhaa geessisu ta'ee jedhanii ibsuu.

3) Hojjettoota seeraan heyyamameef ala tajajila yookiin qabeenya yookiin maallaqa seeran ala fayyadamuu yookiin faayidaa dhuunfaatiif oolchuu.

4) Sa'aatii hojii mana hojichaatti hojii dhuunfaa yookiin kan nama biraa raawwachuu.

5) Qabeenya mana hojichaa irratti hanna yookiin gocha amantaa hir'isuu raawwachuu.

6) Qabeenyoota mootummaa hojiif fudhatee fi itti fayyadamu kununsuu fi sirnaan itti gargaaramuu dhabuu,

7) Faayidaa isaaf hin mallee sobaan yookiin seeraan ala ta'e jedhee gaafachuu.

8) Aangoo osoo hin qabaatin ragaa kompitaraan qabame balleessuu yookiin jijjiiruu yookaan ragaa sobaa itti galchuu.

9) Yeroo hojii idilee isaatiin ala mana hojii isaa osoo hin beeksisiin mana hojii biroo keessatti hojjachuu yookiin tajajila gorsaa kennuun kaffalti fudhachuu.

10) Yeroo hojii mootummaa, meeshaalee hojii fi qabeenyoota biroo faayidaa dhuunfaa isaatiif oolchuu,

11) Sa'aatii hojii mootummaatti hojii fi sababa malee kutaalee hojii adda addaa irra asii fi achii deemuu hin qabu.

12) Meeshaalee teeknolojii qunnamtii adda addaa hojiif harkaa isaa gale kan akka bilbilaa, interneetii fi kkf dhimma dhuunfaaf fayyadamuu,

13) Konkolaataa, GPS (global positioning system), vidiyoo kaameera, kaameera, mootora kkf hojiif kennameef faayidaa diinagdawaa dhuunfaatiif oolchuu.

14) Meeshaa waraanaa, bobbaa'a garagaraa salphaatti ibiddaan gubachuu danda'anii fi fayyaa namaa irratti miidhaa geesisan naannoo fi iddoo hojii qabatanii dhaquu.

15) Qabeenya mana hojichaa irratti ta'e jedhee yookiin ofeeggannoo gochuu dhabuun miidhaa geessisuu,

Kookabee Didhaa Disa...
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sar...
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Biiroo Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa

16) Maallaqa hojiif itti kennamee yookiin to'annoo isaa jala jiru hojii mootummaa qofaaf fayyadamuu dhabuu,

17) Murtee dabarsuuf sababa yookiin ibsa barbaachisaa qaama dhimmi ilaaluu yoo gaafatu kennuu diduu.

18) Tajaajila kennamu irratti odeeffannoo gahaa, haaldureewwan tajaajilamaa irra barbaadamu, istaandardii hojii tajaajilichaa beeksisuu dhabuu fi haala sanaan tajaajilu dhabuu,

19) Odeeffannoo iccitummaa qabu yookiin hin eeyyamamiin haala kamiinu ibsuu yookiin baasuun qaamni biraan akka itti fayyadamu gochuu.

20) Odeeffannoo iccitummaa qabu faayidaa dhuunfaaf yookiin faayidaa nama biraatiif oolchuu yookiin akka ooluu taasisu

21) Odeeffannoo hojimaata mana hojichaa yookiin biyyaa yookiin tajaajilamaa irratti miidhaa dhaqabsiisuu sababa gahaa fi seera qabeessa hin taneen ibsuu.

22) Malaammaltummaa raawwachuu, waliin dhahuu, aangoon garmalee fayyadamuu, sanada haquu yookiin faajjii fi chaappaa mana hojiicha gocha seeraan alaatiif fayyadamuu yookiin matta'aa fudhachuu yookiin akka kennamuuf gaafachuu, dallaalaa ta'uu, lakkoofsa herrega baankii dhuunfaa hojii matta'a daddabarsuuf oolchuu, matta'aan akka kennamuu haala mijeessuu.

23) Faayidaa isaaf hin mallee sobaan yookiin seeraan alaa ta'e mana hojiirra fudhachuu.

24) Tajaajila kennuun walqabatee kennaa yookiin keessummeessa fudhachuu yookiin fudhachuuf gaafachu,

25) Dhimma mana hojii isaa waliin wal-qabatee raawwachisuu irratti bobba'uu yookiin hojiiwwan walitti bu'insa faayidan qabani irratti bobba'u

26) Ragaa barnootaa fi muuxannoo hojii sobaa dhiyeessuuu, qabatanii argamuu yookiin kuusaa dhuunfaa waliin walqabsiisuu.

27) Leenjii fi deeggarsi barbaachiisaa ta'ee erga kennameefi booda walitti aansuun yeroo lama madaalliin raawwannaa hojii isaa quubsaa gadi yoo ta'ee,

Kookabee Didhaa Dhaabbaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

28) Hojiiwwan raawwataman ta'ee jedhanii qaama dhimmi ilaallatuf gabaasa sobaa yookiin gabaasa sirri hin taane dhiyeessuu.

29) Aangoo osoo hin qabaatin ragaa kompitaraan qabame ballessuu yookiin jijjiiruu yookiin ragaa sobaa itti galchuu

30) Itti gaafatamummaa osoo qabuu, ragaawwan hojii isaatiin walqabatan yoo gaafatamu ta'e jedhee kennuu diduu yookiin kennuu dhabuu.

31) Itti gaafatamummaa osoo qabu ragaawwan hojii isaatiin walqabatan yoo gaafatamu ta'ee jedhanii ragaa sobaa yookiin ragaa sirrii hin taane kennuu.

32) Gaafatamummaa qabuun faayidaa dhuunfaa yookiin gareewwanii kan hawaasaa fi mootummaa dursuu dhabuu

33) Seeraan dirqama osoo qabuu, maddaa galii addaa argatu ta'e jedhe qaamaa dhimmii ilaaluuf beeksiisuu dhiisuu.

34) Seeraan dirqama osoo qabuu, qabeenya ofii fi maatii isaa galmeesisuuf heyyamama ta'u dhabuu.

35) Seeraan dirqama osoo qabuu, ta'e jedhee galmeessiisa qabeenyaa guutuu hin taane yookiin ragaa sobaa galmeesisuu.

36) Haala kaminiyyuu yeroo hojii mootummaa hojii daldalaas ta'e hojii biroo ramaddii hojii isaa waliin qunnamtii qabu dabalee hojjachuu.

37) Qajeelfama biroon yoo hayyamamee malee, yeroo hojii mootummaatti mana hojii mootummaa yookiin dhaabbata misooma mootummaa yookiin dhaabbataa dhuunfaa keessatti qacaramuun hojjachuu.

38) Gaafatamummaa qabuun murteen kennuu fi hojiin raawwatu faayidaa uummataa dhiisuun kan dhuunfaa, maatii yookaan hiriyyoota isaa eegsisuu, adeemsa imaammataa fi tarsiimoo mootummaa hojiirra oolchuu keessatti faayidaa uummataa fi mootummaaf dursa kennuu dhabuu,

39) Hojiin hattatamaa yeroo qunnamuu faayidaa uummataaf dursaa kennuuf jecha boqonnaatiin hojjachuuf hayyamamaa ta'uu dhabuu.

Kookabee Didhaa Disaaraa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Buchinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa

40) Aangoo garmalee fayyadamuu yookiin angoon seeraan ala fayyadamuu irra ofqusachuu dhabuu,

41) Aangoon daldaaluun yookiin badiiwwan walfakkaata seera yakkaa irratti ta'an aangoo kennameef irratti raawwachuu.

42) Aangoo hin qabnen hojjechuu, aangoo kennameefin olitti raawwachuu, ergaa aangoo gadii dhiisee booda ittiin hojjechuun namni sadaffaan garmalee akka fayyadamu yookiin akka miidhaamu gochuu.

43) Seera qofa bu'uura godhachuun hojjachuu dhabuun loogii uumuu.

44) Gochawwan loogii babbal'isan kan akka naannummaa, lagummaa fi sabummaa irra walaba ta'uu dhabuu hojjettoota mana hojii giddutti jibbaa fi walshakkiin akka jiraatu taasisu hin qabu yookiin hojjettoota gidduutti ololli yookiin oduu sobaa odeessu irra walaba ta'uu dhabuu.

45) Seeroota, hojimata cabsuun yookiin ajajoota seera qabeessaa ta'an kabajuu dhiisuun yookiin hojjattoonni biroo akka hin kabajne dhibbaa gochuun yookiin seeraan alaa akka hojjatan dhiibuu fi jajjabessuu.

46) Hojii irra hafuun isaa hojiirratti miidhaa guddaa akka geesisuu osoo beekuu, heyyama itti gaafatamaa dhiyoo osoo hin argatin, sababa humna ol hin taaneen hojii irra hafuu.

47) Iddoo yookiin naannoo hojiitti jeequmsa yookiin walitti bu'insa uumuu yookiin hojjettootni biroo akka jeeqan kakasuu, gareen akka namni walitti bu'uu gochuu yookiin miltoo mana hojii isaa doorsisuu, arrabsuu yookiin reebuu yookiin reebuuf yaaluu.

48) Abbaa dhimmaa sirnaan simaachu dhabuu yookiin waan abbaan dhimmaa barbaadu qalbiin ibsuun hubachisurra ifaachu.

49) Yakka kamiyyuu iddoo hojiitti yookiin naannoo hojiitti raawwatanii argamuu.

50) Seeraa yookiin ajaja seera qabeessa yookiin sirna hojimata yookiin imaammata mootummaa sirnaan hojiirra oolchuu dhabuun ta'e jedhame hojii irratti miidha geesisuu yookiin deeggersa yoo gaafatamu deeggeru dhabuu.

51) Mana hojii isaa keessatti gochi seeran alaa raawwatamuu isaa osoo beekuu hattatamaan qaamoota dhimmi ilaaluti beeksisuu dhabuu.

Kookabee Didhaa Dissaraa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvi fii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

52) Ajaja seeraan alaa yookiin qajeelfama hin mallee hojjetaa yookiin hogganaa isaa jala jiruuf dabarsuu.

53) Miidhaa yookiin dhibbaa koorniyaa irra gahu falmuu yookiin mormuu, raawwachuu fi saaxilu dhisuu.

54) Tajaajiloota abbootiin dhimmaa dhiyeessaniif sii'aa'ina fi istaandardii tajaajilaa taa'een deebii kennuu dhisuu yookiin abbootii dhimma seeraan ala deddeebisuu.

55) Sababa gahaa fi seera qabeessa hin taaneen dhimmoota yookiin iyyannoowwan tursiisuun abbaan dhimmaa deddebisuu yookiin ulaagaa qajeelfama guutaamuu qabuu hin guutamiin hafee ibsu dhabuu.

56) Ulaagaa qajeelfaman taa'een alatti ulaagaa kan biraa akka abbaa dhimmaa dhiyeessu gaafachuun deebii hattattama kennuu dhabuu yookiin abbaa dhimmaa rakkisu yookiin lafa irra harkisuu.

57) Kabajaa fi ulfina abbaa dhimmaa tuquu, jechoota hin barbaachifne dubbachuu.

58) Ragaa fi iyyata abbaa dhimmaa fudhani hin fuunee jechuu yookiin gatuu yookiin iddoo itti walqabachuu qabuutti qabsisuu dhabuun ragaan akka baduu gochuu.

59) Tajaajilamtoota yookiin miiltoo mana hojiichaa haala naamusaa gaarii gonfateen kessummessu dhiisuu.

60) Raawwii hojii fi amala dhuunfaa isaa uummatni mana hojii isaa irratti amantaa guutuu kan qabaatu taasisuu dhiisuu.

61) Hojii isaa ga'umsa ol'aanaatiin, of-eegannoon, jabinaan fi miira tajaajiltummaan raawwachuu dhiisuu.

62) Iddoowwan safuu fi aadaa hawaasa tuqaanitti argamuu dhiisuu yookiin gochaawwan faallaa safuu fi aadaa ummaata raawwachuu.

63) Yaada kenniinsaa tajaajilaa irratti maamilaan dhiyaatu yeroon ibsa sirrii, deebii fi sirreeffamaa fi odeeffannoo kennuu dhiisuu.

64) Mana hojii mootumma keessatti fi sa'aatii hojii mootummaatti dhimmoota amantiin walqabatan mala kanaan iyyatu dhageeffachuu yookiin ilaalu,

Kookabee Didhaa Bifaasa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvis
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Biiro Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa
Public Service and Human Resource Development Bureau of the Oromia Regional Government

65) Ergaa fi maxxansawwan adda addaa amantiin walqabatan mana hojii yookiin kutaa hojii keessatti maxxansuu.

66) Mana hojii keessatti meeshaaalee mootummaan itti kenname teekinooloojii adda addaatti gargaaramuun amantaa tarkaanfachisuu yookiin agarsisuu.

67) Ragaa mana hojii isaa sababa hojiitiin harkaa isaa galee yookiin beekee dantaa siyaasaatiif oolchuu.

68) Hiriira seeraan alaa irratti hirmachuu, akka gaggeeffamuu qindeessuu yookiin kakaasuu.

69) Teekinolojiiwwan qunnamtii odeeffannoo mootummaan akka hojii karaa salphaa ta'en ittiin hojjetamuuf haalaa mijeesseetti fayyadamudhaan tajaajila midiyaa hawaasaaf itti faayyadamu hin qabu, ejjennoowwan paartii siyaasaa calaqqisan itti ibsu hin qabu yookiin xinxalaa siyaasa ta'uun hin danda'amu.

70) Hojii irratti ramadaman itti yaaduudhaan yeroon hojjachuu dhiisuu.

71) Hojii irratti ramadame yookiin kan walfakkaatu akka hojjatu yemmuu ajajamu sababa gahaa malee hojjachuu dhiisuu yookiin diduu.

72) Hojjatootni hojii idilee isaanii akka hin hojjane kakaasuu yookiin hojjeta gidduutti waldhabdee uumuu yookiin olola sobaa gaggeessuu fi sababa hojjettota waliin walta'iinsa hin qabaneef qofa adeemsa hojii irratti gufuu ta'u.

73) Dawaa yookiin baala sammuu nama hadoochu yookiin dhugaaatii nama macheessuu gara dallaa waajiirichaattii qabatannii galuu yookiin machiidhaan hojii irratti argamu yookiin iddoo hojiitti baala sammuu nama hadoochuu fudhachuu yookiin kutaa hojii keessatii sigaaraa xuxuu hojjettoota biroo rakkisuu.

74) Dandeettii hojii osoo qabuu yookiin osoo beeku humna isaa guutuu fi beekumsa guutuu hojii irratti hin oolchine yookiin hojiin walqabatee dirqama irra eeggamu bahuu dhiisuu.

75) Hojii sadarkaa naamusni ogummaa gaafatuun raawwachuu dhiisuu.

76) Balleessawwan badii naamusaa salphaa irra deddeebiidhaan yookiin yeroo lamaaf isaa oli kan rawwatamu yoo ta'ee akka badii naamusaa cimaatti kan fudhatamu ta'a.

77) Gochaawwan badii naamusaa kanneenin walfakkaata kan biroo raawwachuu adabbii naamusaa cimaan nama adabsiisa.

Kookabee Didhaa Disaabaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvi
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Biiroo Hojiirra Oolchinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo * Bureau
Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa
Public Service

Boqonnaa Afur
Hundeeffama Koree Naamusaa

25. **Aangoo fi Gahee Hojii Koree Naamusaa**

Aangoo fi gaheen hojii koree namuusaa Labsii Hojjattoota Mootumma Naannoo Oromiyaa labsii lakk. 215/2011 fi Dambii Sirna Raawwannaa Naamusaa fi Dhiyeeffannaa Komii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa irratti bu'uura aangoo fi gahee hojii kennameen kan hojii irra ooluu ta'a.

26. **Aangoo fi Gahee Hojii Koree Naamusaa**

1) Himannaa badii naamusaa karaa mana hojiin dhiyaatu ni fuudha.
2) Himannaa dhiyatee ilaalee beellama kennuun himatamaan deebii himannaa fi ragaa ittisaa waliin akka dhiyaatu ni taasisa.
3) Qaama himannaa naamusaa dhiyeessee fi himatamaa falmii bitaa fi mirgaa akka gaggeffamu ni taasisa.
4) Adeemsa kenniinsa murtii badii naamusaa irratti jalqaba hanga murtiin xumura kennamutti waan turee fi waan raawwatame sirnaan karaa ibsuu danda'uun galmaa'ee akka qabamu ni taasisa.
5) Dhimmaa ragaa fi dhugaan mirkanna'ee irratti hunda'uudhaan himannaa fi falmii gaggaffamee qofaa irratti yaada murtii hoggana ol'aana yookiin Itti Gaaatama Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa sadarkaan jiruuf ni dhiyeessa.
6) Murtii yookiin qajeelfama hoggana ol'aanaa yookiin Itti Gaafatamaa Waajjiraan kennamee hojii irra ni oolchaa, akka hojii irra ooluu ni taasisa.
7) Adeemsaa kenninsa murtii keessatti dhimmoonni hin qulqullofne yoo koree qunnaame yookiin ragaa caqafame himatamaan dhiyeeffachuu kan hin dandeenye yoo ta'e ajaja seeraa barbaachisu qaama dhimmii ilaaluuf dabarsuu akkasumas qorannoo naamusaa dabalata taasifamee ibsi ogummaa akka kennamu ni taasisa,
8) Waarabbiin yaada murtii koree yookiin murtii hogganaan kennamu qaama komii qabuuf akka kennamu ni taasisa.

27. **Aangoo fi Gahee Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo Gadii Jiraan**

1) Hojjettootni mootummaa mana hojii isaani keessa jiraan qajeelfama kana irratti hubannoo fi beekumsa gahaa akka qabataniif leenjii fi hubannoo labsii, dambii fi qajeelfama irratti kennuu yookiin akka kennamuuf taasisu.
2) Miseensota koree naamusaa mana hojiicha fi hojjettoota mana hojiichaan filataman akka hojiimata isaa eegaani akka filataman gochuun maqaa isaani Waajjira Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Nama sadarkaa sana jiruuf ergu.

Kookabee Didhaa Dhugasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

3) Hojjeta badii naamusaa raawwatuu/te irratti ragaa fi odeeffaannoo barbaachisa qindeessuudhaan akkaataa badii naamusaa raawwatametti himannaa fi adabbiin badii naamusaa akka irratti fudhatamu taasisu.
4) Hojiiwwan odiitii fi idileeffannoo naamusaa ogummaa fi naamusaa iddoo hojii hojjettoota mootummaa mana hojiichaaf bu'uuralee sirna komii adda adda barbaachisaan sirnaan akka diriiraan ni taasisu.
5) Hojiimaata yaadni, komiin fi galteewwan tajaajila foyyeessuuf karaa maamila kennaman itti argaman yeroo yeroon qaama madaluu fi gamagamuun manaajimantii mana hojiif kan dhiyeessuu ni gurmeessa gabaasa isaa Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misoomaa Qabeenya Namaa sadarkaan jiruuf dhiyeessa dub-deebii gabaasa irratti kennamee hojii irra ni oolcha.

28. **Aangoo fi Gahee Hojii Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godinalee, Magaalotaa fi Aanaalee**

1) Koreen naamusaa akkaataa qajeelfama kanan akka hundaa'uu haala mijaachuu qabuu hundaa ni raawwata.
2) Hojiiwwan koree naamusaa gurmeessuu fi cimsuu ni raawwata.
3) Hojiiwwan bu'uuralee sirnaa komiin manneen hojii mootummaa keessatti akka hundaa'an hojiimaatni akka diriiruuf sirna hordoffii fi deeggarsa barbaachisa ni taasisa.
4) Miseensota koree manneen hojii keessatti sirnaa bu'uuralee sirnaa komiin yaadota kennaman xinxaaluun gabasaa dhiyeessuuf hunda'an mana hojii isaani waliin ta'uun leenjii fi hubannoo ni kennaa.
5) Gabaasa manneen hojii irra raawwii bu'uuralee sirna komii irratti dhiyaatu gamagamuun dub-deebii ni kennaa hojii irra oolmaa dub-deebii kenname ni hordofa bakka hanqinni jiruutti tarkanfiin barbaachisaan akka fudhatamu ni taasisa.
6) Koreen naamusaa dhimmaa himannaa fi falmii badii naamusaa irratti yaada murtii yeroo qajeelfama kanaan ta'ee keessatti akka rawwatu hordoffi fi deeggarsa ni taasisa.

29. **Gurmaa'insa Koree Naamusaa Manneen Hojii Mootummaa Sadarkaa Naannoo**

Manneen hojii Mootummaa sadarkaa Naannoo irra jiran koree Namuusaa akkaataa labsiicha fi Dambii Sirna Raawwannaa Naamusaa fi Dhiyeeffannaa Komii ittiin hundeeffameen himannaa naamusaa hojjettoota ilaaluun kan murteessan ta'a.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarviisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Public Service and Human

30. **Gurmaa'insa Koree Naamusaa Manneen Hojii Mootummaa Sadarkaa Godinaa, Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalootaa**

1) Koreen Naamusaa miseensota shan (5) fi barreessaa sagalee hin qabnee kan of keessaa qabu Waajjiralee Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godinaa fi Aanaa, akkasumas Waajjiralee Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Bulchiinsa Magaalotaa keessatti qajeelfama kanaan ni hundeeffama.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee manneen hojii mootummaa naannoo gadii jiraan himannaan namuusa yeroo dhiyatu bakka bu'aan hojjetaa mana hojii sana keessaa kan bakka bu'uu ta'a.

31. **Miseensota Koree Naamusaa Manneen Hojii Sadarkaa Godinaa, Magaalota yookiin Aanaa**

1) Hojjettota Waajjira Pabliik Servisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godinaa, magaala yookiin Aanaa keessaa Koree Manaajimantii Waajjiratiin kan bakka bu'an walitti qabaa fi miseensota lama dhaabbiidhaan kan tajaajilaan,
2) Mana hojii hojjetaa naamusaan himatamee irra yeroo dhimmi hojjetaa mana hojii sanaa ilaalamu qofa kan hirmaatan Koree Manaajimantii waajjirichaatiin kan bakka bu'uu miseensa tokko fi hojjettoota mana hojiichaan kan filataman miseensota tokko walumaagalatti hojjettoota lama,
3) Garee Hoggansaa Qabeenya Namaa Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Bulchiinsa Godina, Magaalaa yookiin Aanaa irra kan bakka bu'u barreessa sagalee hin qabne tokko Itti gaafatamaa Waajjiratiin kan bakka bu'uu dabalachuun ni hundeeffama.
4) Waajjirri Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godina, Magaalaa yookiin Aanaa yeroo dhimmi hojjetaa Waajjira isaanii ilaalamu qofa kan hirmaatan akkaataa qajeelfama kana jalatti tumameen miseensota lama (2) bakka ni buusa.

32. **Koree Naamusaa Manneen Hojii Tajaajila Deeggarsaa Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Irra Hin Argane (Hin Fayyadamne)**

1) Manneen hojii Giddugaleessota Hawaasummaa, Wiirtuulee, Koollejjoota, Hospitaalota, Bulchiinsa Manneen Sirreessaa, Giddugaleessota Qorannoo Qonnaa, Giddugaleessota Qorannoo Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa, Buufataalee Raadiyoo Barnootaa, Dameelee Manneen Hojii Naannoo, Buufatalee Fayyaa fi kkf. haala humna namaa qabaniin koree naamusaa hundeessuun dhimma naamusaa ni raawwatu.
2) Miseensonni koree namuusa kan hundeffamu namoota shan (5) of keessaa qabuu ta'ee:

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarviisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

a) Namoonni lama koree manajimentii mana hojiidhaan kan bakka bu'aan tokko dubarti ta'uu qabdii walitti qabaa fi miseensa
b) Namoonni lama hojjettotan kan filataman tokko dubartii ta'uu qabdii miseensota
c) Namni tokko Garee hoggansa misooma namaa irra kan bakka bu'uu barreessaa fi miseensa

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti hunda'uudhaan qaamooleen koree namuusaa yommuu hundessaan walitti dhufeenya hojii waajjira pabliik sarviisii fi miisooma qabeenya naannoo isaani jiruu waliin ni qabaatu.

33. **Ulaagaa Filannoo Miseensummaa Koree Naamusaa**

Miseensonni koree namuusa filatamuuf yookiin bakka bu'uuf ulaagaalee armaan gadii guutuu qabu:

a) Amala fi naamusaa gaarii kan qabuufi mana hojichaa fi hojjetaa biratti fudhatama kan qabu;
b) Loogiii irra bilisa kan ta'ee iccitii hojichi barbaadu eeguu kan danda'u;
c) Badii naamusaa himatamee kan hin adabamne.
d) Hojjatoota mana hojicha walqixa kan ilaalu, amanamummaa fi ejjeennoo gaarii kan qabu.
e) Hojjetaa dhaabbataa fi Mana hojichaa keessatti yoo xiqqaate waggaa lama fi sanaa ol kan tajaajile.
f) Labsii, dambii fi qaleelfamoota hojjettoota Mootummaa irratti beekumsa fi hubannoo gahaa kan qabu;
g) Araada adda addaa sammuu namaa adoochu irrra bilisa kan ta'e,
h) Raawwii hojii fi kenniinsa tajaajilaa isaatiin adda duree kan ta'e.
i) Namuusaa hojii gaarii fi quuqama ummaata kan qabuu
j) Koree namuusa keessatti hojjachuuf kaka'umsa kan qabuu fi walligalteedhaan hojjachuu kan danda'u ta'uu qaba.

34. **Itti Waamamaa Koree Naamusaa**

1) Itti waamamni koree naamusaa manneen hojii sadarkaa naannoo hogganaa mana hojiichaaf ta'a.
2) Itti waamamni koree naamusaa manneen hojii sadarkaa Godina, Magaalaa fi Aanaalee Itti Gaafatama Waajjira Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa sadarkaa sana jiruuf ta'a.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, itti waamamni koree naamusaa manneen hojii sadarkaa naannoo gadiitti argamanii garuu

Kookabee Didhaa Dhaabaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarvisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

The Oromia National Regional Government Public Service and Human Resource Development

tajaajila deeggersa Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misoma Qabeenya Namaa sadarkaa sana jiruu irra hin argannee hoggana ol'aanaa yookiin itti gaafatama waajjira koreen naamusaa itti hundeeffameef ta'a.

35. **Bara Tajaajilaa Miseensota Koree Naamusaa**

Barrii hojii miseensonni koree namuusaa waggaa lamaaf ta'ee yoo qaamolee dhimmi ilaaluun kan itti amanamu yoo ta'ee marsaa tokkoof irra deebiidhaan miseensummaaf filatamuu yookiin bakka bu'uu ni danda'u.

36. **Sirna Walga'ii Koree**

1) Koreen naamusaa hanga hojiidhaaf barbaachisetti yeroo kamiyyuu walga'u ni danda'a.
2) Walga'ii korichaa irratti walitti qabaa dabalatee harkii caaluu miseensoonni koree yoo argaman walga'iin taasifamu ni danda'a.
3) Yaadni murtii korichi dhiyeessuu kan darbu sagalee caalmaatiin ta'ee, sagaleen walqixaatti kan qoodame yoo ta'e yaadni garri walitti qaban jiru dhiyeesse ni darba.
4) Miseensi yaadaan addaan bahe sababa ittiin addaan bahe ifatti lafa kaa'uu qaba qaboo ya'ii irratti sirnaan ejjennoon isa ibsame barreeffamu qaba.

37. **Miseensummaa Irra Haquu fi Walga'ii Irra Kaasuu**

1) Miseensi koree kamiyyuu hojjetaa himannaan irratti dhiyaatee waliin lola yookiin firummaa dhiigaa ykn fuudhaa fi heerumaa qabaachuun isaa yoo mirkanaa'e, dhimma kana qofaaf walga'iicha irra akka ka'u ni taasifama.
2) Miseensi koree naamusaa kamiyyuu:

a) Barri tajaajilaa yoo xumurame,

b) Fedhiin akeekkachiisa ji'a tokko kennuun,

c) Adeemsa hojii koree keessatti hanqina naamusaa yoo agarsiise

d) Hojii idilee isaa sababa adda addaatiin yoo gadi lakkise,

e) Iccitii dhimma korichaan ilaalama jiru baase yoo argame, miseensummaa irra haquun yookiin kaasuun ni danda'ama.

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarviisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa

Boqonnaa Shan
Tumaalee Adda Addaa

38. **Waa'ee Eeruu Beeksiisuu**

1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu qajeeltoowwan naamusaa qajeelfama kana keessatti hammaatamaan gochawwan faalleessuu raawwatamuu isaa karaa kaminuu yoo beekee, yoo dhagahee yookiin yoo argee dhimmicha mana hojii isaaf yookiin qaama dhimmi ilaaluuf hattatamaan beeksisuu qaba.
2) Eeruun dhiyaatu, dhugummaa yookiin haqummaa kan qabu, kan hin dabin, haaloo irra bilisa kan ta'e, quuqama irratti kan hundaa'e, dogongorsiisa kan hin taanee fi sababawwan amansiisa irratti kan bu'uureffate ta'u qaba.
3) Eeruu dhiyeessan eenyummaa isaa akka hin ibsamne yoo barbaade eenyummaan isaa iccitiin qabamuu qaba.

39. **Raawwii Yaada Murtii Koree Naamusaa**

Manni hojii mootummaa sadarkaan jiruu kamiyyuu yaada murtii koree naamusaan kenname hogganaa yookiin itti gaafatamaan mirkanaa'ee guyyaa isa gahe irra eegalee hanga qaama ol'iyyannoo ilaaluun murtii kennuun ajajni dhorkaa isaa hin qaqqabnetti murtii kenname hojiirra oolchuu qaba.

40. **Dirqama Deeggaruu**

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu qaama dhimmi ilaaluun yoo ajajamee hojiif kan barbaadu taanan ragaa fi deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

41. **Seerota Raawwatiinsa hin Qabaannee**

Qajeelfamoonni qajeelfama kanaan faallaa ta'an kamiyyuu yookiin hojimaanni barsiifataan dhimmoota qajeelfama kanaan haguuggaman irratti raawwatinsa hin qabaatu.

42. **Qajeelfamicha Foyyeessuu**

Qajeelfamni kun yeroo barbaachisaa ta'ee argametti biiroon fooyya'uu ni danda'a.

43. **Yeroo Qajeelfamni Kun Hojiirra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun **Onkololeessa 21, Bara 2015** irraa eegalee kan hojiirra oole ta'a.

Onkololeessa, Bara 2015

Finfinnee

Kookabee Didhaa

Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa

Kookabee Didhaa Disaasaa
Hoggantuu Biiroo Pabliik Sarviisii
Fi Misooma Qabeenya Namaa
Oromiyaa